Maaliifan Family Assessment Response fudhachaa jiraa?

- The Department of Children, Youth, and Families (Muummeen Daa'immanii, dargaggoo, fi Maatii, DCYF) gabaasa nageenya daa'ima keessanii ilaalchisee yaaddoo qabu fudhateera.
- Gabaasni kun hiika seeraa miidhaa daa'immanii fi dagannaa naannoo Washington keessatti kenname guuteera (RCW 26.44.020).
- Gabaasni kun mucaan keessan balaa battalaa keessa akka jiru hin ibsine.
- DCYF ijoollee keessan nageenya isaanii eeguudhaaf isin waliin hojjechuu barbaada.

Dhimma koo irratti yaaddoo yoon qabaadhe eenyuunan qunnama?

Akkaataa dhimmi kee itti ilaalamu irratti komii ykn yaaddoo yoo qabaatte, to'ataa keezwoorkerii FAR keessanitti bilbilaa.

Ammallee yaaddoon keessan furmaata hin arganne yoo ta'e Bulchaa Naannootti bilbiluu dandeessu.

Yeroo barbaaddanitti gargaarsa argachuuf Office of Constituent Relations (Waajjira Hariiroo Filattootaa) 1-800-723-4831 bilbiluu dandeessu.

-ykn-

Office of the Family & Children's Ombuds (Waajjira Maatii fi Komii Daa'immaniif Falmu)* 1-800-571-7321 tti bilbiluu dandeessu.

**Ejensiin kun DCYF irraa adda. Yaaddoowwan waa'ee DCYF qorata.*

*Maxxansa kana bifa yookiin afaan biraatiin kooppii bilisaa yoo barbaaddan, maaloo Hariiroo Abbaa Dhimmaa DCYF qunnamaa (1-800-723-4831 | 360-902-8060, **ConstRelations@dcyf.wa.gov**).*

DCYF PUBLICATION CWP_0023 | DSHS 22-1534 OM (07-2021) Oromo

Family Assessment Response (Deebii Sakatta'insa Maatii, FAR)

Maatiiwwan cimsuu fi deeggaruudhaaf daandii CPS

Washington State Department of CHILDREN, YOUTH & FAMILIES

Family Assessment Response (Deebii Sakatta'insa Maatii, FAR) maalidha?

FAR Tajaajilli Eegumsa Daa'immanii Naannoo Washington gabaasa miidhaa fi dagannaa daa'immanii tokko tokkoof deebii kennuudhaaf karaa adda ta'edha. FAR'n dura, CPS gabaasa miidhaa daa'immanii fi dagannaa qorannoodhaan deebii kenneera.

FAR MAATIIWWAN WALIIN HOJJECHUUN:

- Warra miidhaa ykn dagannaa daa'immaniif itti gaafatamummaa qaban osoo hin fudhatiin yeroo rakkoon isaan mudatu deggeruu.
- Hawaasa isaanii waliin akka wal qunnaman gargaaruuf.

QORATTOONNI FI KEEZWOORKEROONNI FAR LAMAANIYYUU:

- Naageenya daa'immanii eeguuf maatii waliin hojjedhaa.
- Fedhiiwwan maatiiwwanii adda baasuu.
- Ciminaa fi qabeenya warraa fi hawaasaa irratti ijaaraa.
- Fedhiiwwan daa'immanii irratti xiyyeeffachuun rakkisoo kan taasisan haalota nama dhiphisan salphisan tajaajiloota argadhaa.

QORANNOOWWAN:

- Miidhaan daa'immanii ykn dagannaan uumamuu murteessaa.
- Miidhaa ykn dagannaa jedhameef eenyu akka itti gaafatamummaa qabu adda baasuu.argannoo waa'ee miidhaa ykn dagannaa daa'immanii uumamuu fi dhiisuu isaa. Kunis galmee DCYF keessatti kan qabamu yoo ta'u, gara fuulduraatti carraa hojii daa'imman ykn ga'eessota saaxilamoo ta'an waliin hojjechuu irratti dhiibbaa uumuu danda'a.

Family Assessment Response work akkamitti hojjeta?

DCYF waa'ee maatii keessanii gabaasa yeroo argatu, keezwoorkeriin FAR waa'ee nageenya ijoollee keessanii haasa'uuf isin waliin wal argu.

Keezwoorkeriin balaa miidhaa fi dagannaa daa'immanii gara fuula duraa hir'isuuf tajaajila ykn deeggarsa isin barbaachisuu fi dhiisuu isaa murteessuuf isin waliin ni hojjeta. Keezwoorkeriin keessan maatiin keessan qormaata keessa akka darban ni gargaaru.

Dhimmoonni FAR irra caalaan isaanii guyyoottan 45 keessatti ni cufamu. Haa ta'u malee, isinii fi keezwoorkeriin FAR dhimma keessan guyyoottan 120'f banaa ta'ee turuu filachuu dandeessu, hojii gaarii jalqabdan deeggaruu itti fufuun gargaaraa ta'e yoo isinitti mul'ate.

FILANNOOWWAN QABDU:

- FAR irratti bobba'uu filachuu dandeessu -ykn-
- Qorannoo CPS kan baratamee qabaachuu filachuu dandeessu

Yoo waa'ee tajaajila maatiin keessan barbaaduu keezwoorkerii FAR keessanii wajjin walii hin galle, waa'ee filannoowwan biroo haasa'uuf hojjettoota FAR waliin waltajjii taa'uu gaafachuu dandeessu.

Keezwoorkeriin keessan maatiin keessan qormaata keessa akka darban ni gargaaru.

Family Assessment Response akkamitti na gargaaruu danda'a?

Isinii fi maatiin keessan maal akka isin barbaachisu ni beektu. Keezwoorkeriin FAR keessan isin waliin ni hojjeta:

- Akkamitti nageenya daa'ima keessanii mana keessatti fooyyessuu akka dandeessan adda baasuuf.
- Fedhiiwwan bu'uuraa maatii keessanii guutuuf.
- Ijoollee keessan umurii fi sadarkaa hundatti akka guddistaniif dandeettii keessan cimsuu isin gargaaruuf.
- Hawaasa keessan waliin walitti hidhaminsa cimaa akka uumtan isin gargaaruuf.
- Rakkoowwan itti fufiinsa qaban kan akka mana jireenyaa, hojii, ykn dhimmoota biroo isinii fi maatii keessaniif dhiphina uumuuf jiran furuuf qabeenya hawaasaa fi gorsitoota barbaaduudhaaf.

Waliin taanee ofitti amanamummaa fi dandeettii keessan ijaaruun ijoollee keessan nageenya isaanii eeguuf ni hojjenna.